
BARRUU HARMEE
Jildii
6 ffaa
Amaanu'eel Caalaa Abdataa Barsiisaafi Waloo
Dachaasaa Ga'eeraa Sabbooqaa Barreessaa, Barataa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo
Nimoonaa Biqilaa Soorii Barsiisaafi Waloo
Shamil Naasir Mohaammad Barreessaa, Waloofi Hojjetaa Baankii
Mo'iboon Baqqalaa Barreessaafi Qabsa'aa Mirga Namoomaa
Qopheessaan:
Moonenus Kennasaa
Cover Design:
Qajeelaa Hambisaa

Hordoftootni Barruu Harmee Bakka Jirtanitti Nagaan Isiniif Haa Ta'u.

Yaadaaf Qeeqaa Barruu Harmee Irratti Qabdan, Wantoota Fooyyeessuu Qabnu, Nuuf Qoodaa. Barruun Harmee Kan Keessan Waan Ta'eef Bakka Dogoggorri Itti Uumame Nu Oofkalchaa. Yaada Keessan Yeroo Nuuf Barreessitan, Maqaa Keessan, Teessoo Yookaan Bakka Amma jirtan, Hojii Keessan Waliin **t.me/BarruuHarmee430bot** Jala Nuuf Godhaa!

Yaadaaf Qeeqni Keessan Tumsa Barruu Harmeef Isa Ol'aanaadha!

Galatoomaa!

Barruun Harmee fiigdees tirattee Jildii 6ffaa qaqqabdee jirti; haaluma kanaan imala hedduus fuulduratti deemuuf Kaayyoon imalaa jirti. Isa kanaaf immoo akkuma kanaan duras itti jirtan dubbistanii yaadaaf qeeqa kennuun gama dubbistootaa immoo waan guddaadha

Himata!

Namoonni baay'een Barruu Harmee irratti kan hirmaachuuf fedhii qabdan nuufbilbilaa turtan. Akkasumas warri miseensa barruu harmee taatan erga ergaawwan maxxanfaman dubbistaniin booda yaada keessan ibsachuuf kanneen bilbiltani osoo hin milkaa'in haftan nuoofkalcha.

Namoonni baay'een keessan dhimma bilbiltanii nu argachuu dhabuu keessaniitiin nu komachuu keessan bira geenyeerra.

Qopheessaan Barruu Harmee

Ganna muraasaan asitti rakkoo isa mudate irraa kan ka'e gurri isaa miidhamee waan jiruuf karaa sagalee bilbilaan isin keessummeessuu hin dandeenye. Kanaafuu, kanneen yaada keessan ibsachuu barbaaddan kallattiidhaan:

Bilbila harkaa irratti:- Erga gabaabaa nuuf barreessaa.

Yaada bilisa; Sammuu walaba

Barruu Harmee

Barruun Harmee Guyyoota sodomaan deddeebi'ee kan maxxanfamudha.

Hubachiisa

Barruun Harmee nama kamuu bilisaan kan hirmaachisudha malee, yaadaaf kaayyoo murna tokkoo qofa kan calaqqisiisuu akkas hintaane bareechaa hubadha!

Deeggarsa Barruu Harmee

Yaada asirratti dhiyaatu dubbistanii yaadaaf qeeqa nuuf laadha; akkasumallee hiriyoota keessan affeera!
Namoonni ogummaa saxaaxa qabdan

deeggarsa nuuf ta'uudhaan nu faana hojjechuu dandeessu. Nu gargaaruuf teessoo qopheessaan nu quunnamaa!

Barruun Harmee akka maxxanfamee harka nama hundaa gahuufis namoonni yaada qabdan nu cinaa dhaabadha.

Qopheessaan:
Moonenus Kennesaa Mokonnon
Teessoon: Laaloo Qilee, Dambii Dolloo; Oromiyaa
Bilbila: 0910205581
Email: Mooniikennesa@gmail.com
Facebook: Moonenus Kennesaa Warra Maccaa
Telegram: Moonenus Kennesaa Warra Maccaa
Page Facebook: Barruu Harmee
https://t.me/BarruuHarmee
Twitter: @MonenusKennesa

HIRMAATTONNI

1.Mo'iboon Baqqalaa (Qabsaa'a Mirga Namooma fi Barreessaa)
2.Shamil Nasir Mohammed (Barreessaa, Waloo fi Hoojjetaa Baankiiti)
3.Nimoonaa Biqilaa Soorii (Barsiisaa, Barreessaa fi Waloo)ss
4.Amaanu'eel Caalaa Abdataa (Barsiisaa, Barreessaa fi Waloo)
5.Dachaasaa Ga'eeraa Abbaa Xiyyaa (Barreessaa, Barataa Baafataa..... Fuula
Mo'iboon Baqqalaa tiin
"Siyaasa dhiisuu dandeenya, jireenya keenyas akka feenetti gaggeeffachuu dandeenya. Garuu miidhama Uummataa callisuu hin dandeenyu!"

Fuula.....

Shamil Nasir Mohammed
Amma khee jiraadhu.
Fuula.....
Nimoonaa Biqilaa Soorii tiin
Injifannoo Yaadaa
Fuula.....
Amaanu'eel Caalaa Abdataa tiin
BARA SANA!
Fuula.....
Dachaasaa Ga'eeraa Abbaa Xiyyaa tiin
Fuula.....

Kaayyoon Barruu Harmee

Akkuma beekamu barruun Harmee erga hundaa'ee, reefuma Ji'oottan lakkoofsisa. Haa ta'u malee, Barruun Harmee Gaafa hundaa'uu yaadaaf karoora mataa isaa danda'ee qabatee hundaa'e.

Dhimmii isaa inni ijoon odeeffannoo wayitaawaa, barsiisoo, bashannansiisoofi kanneen biroo maatii Ogbarruu Oromoo biraan gahuudha. Haa ta'uutii akka barrullee biroo eegalamee dhaabachuuf abjuu hin qabu; hamma danda'e figee bakka haalli itti ulfaatetti tiratee hawaasa qaqqaba.

Barruun Harmee aammaaf jalqaba kana, karaa toora telegram channel https://t.me/BarruuHarmee Uummataafi dubbistoota bira gaha. kunimmoo daran quubsaa miti sababni isaa bilbila irraa dubbisuuf namni hundi carraa qabeessa miti.

Haa ta'u malee yeroo booda karaa barruu waraqaa irraa dubbifamuu akka ba'uuf immoo abdiifmul'ata bal'aaqabna!

Barruun Harmee dhimmoota hedduu irratti ni hirmaata; odeeffannoo quubsa ta'an illee ni kenna addumatti hirmannaa shamarran Oromoo

dandeetti kamiyyuu qabaniif dursa laata. Namni kamuu, murni kamuu yaada isaa walabaan ibsachuu qaba sababni isaa barruun Barruu Harmee kan nama hundaati.

Adeemsi barruu Harmee yeroo daanga'eef dhaabbataa hin qabu; fuulduratti odeeffannoowwaan wayitaawaa, yaada hayyootaa, oolmaa addunyaaf taatewwaan ta'aa oolan, haala siyaasa biyya keessaaf biyya alaa hayyootaaf beektota hirmaachisee isinqaqqaba; kana gochuuf dubbistanii yaada nuuf kennuun isa bu'uuraati.

Dubbisa Gaarii!

Barruu Harmee!



"Siyaasa dhiisuu dandeenya, jireenya keenyas akka feenetti gaggeeffachuu dandeenya. Garuu miidhama Uummataa callisuu hin dandeenyu!"

Jaal Mo'iboon Baqqalaatiin Barreessaafi Qabsa'aa Mirga Namoomaa

Seenaa Gabaabaa Mo'iboon Baqqalaa.

Mo'iboon Abbaasaa Obbo **Baqqalaa Garbaa Fufaafi** Haadhasaa Aadde **Alamii Fallaqaa** irraa **Fulbaana 10, 1981 A.L.H**'tti **Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu Ganda Caffee Soorumaa** bakka addaa **Ejersa Dinkii** jedhamutti dhalatee guddate. Innis obboleeyyan **dhiiraa shanii(5)** fi **dubaraa torba (7)** waliin yommuu dhalatu maatii isaaf kurnaffaa (10ffaa) irratti dhalate. Kan isa boodaa **Biqiltuufi Lalisaa** qofa. Akkuma ijoollee Oromoo birootti maatii isaaf loon tiksuufi hojii maatii isaa gargaaraa guddate. Maqaan isaa biroo Mo'iboon **Tashaalee** jedhamees niwaamama. Umuriin isaa akkuma barnootaaf ga'een mana barumsaa Kiiramuu sadarkaa 1ffaa seenuun barumsa isaa eegale. Barnoota isaa irratti nama qaxaleefi moggoo hinqabnedha. Dandeettii addaa nama qabu ture. Barattoota daree isaaf barataa cimaa yaaddessaa yommuu ta'u, barattoota ciccimoo waan caaluuf isa waliinis daree tokko galanii barachuuf yaadda'aa turan. Yeroo kutaa 4ffaa barataa ture umurii isaa 12tti bara 1995 A.L.Htti jaala isaa kan ta'e Sanyii Nagaasaa jalatti Qabsoo Bilisummaa Oromoo hordofuun quuqamni Oromummaa quuquu eegale.

Hanga kutaa 10ffaatti achuma magaalaa Kiiramuutti maatiisaa hojii gargaaraa barumsa isaa xumuruun

bara 2011 A.L.A'tti mana barumsa qophaa'inaa Giddaa Ayyaanaatti kutaa 11ffaa daree "F"tti ramadamee barnoota isaa itti fufe. Daree isaatti itti gaafatamaa daree sanaa akkasumas, gama barnootaanis barataa sadarkaa keessa jiru ture. Dorgommiin mana barumsa Qophaa'inaa Giddaa Ayyaanaa barnootaan hamaa ta'uusaa hubatee qayyabannaasaa sirnaan itti fufe. Baruma kana rakkoo achitti uumameen semisteera 1ffaa qofa baratee gara mana barumsa qophaa'inaa Naqamteetti jijjiirrate.

Damee barnootaa Natural Science'n Magaalaa Naqamteetti bara 2011 fi 2012 A.L.A'tti kan barate yemmuu ta'u, barnoota isaatti qaxalee waan tureef qabxii seensa Yuunivasiitii qabxii guddaa galmeessisuun bara 2013 A.L.A'tti Yuunivarsiitii Jimmaa seene. Muummeen/field barnootaa inni irratti barachuu barbaade muummee Medical Doctor ture. Garuu, carraan isaa Public health officer isa badhaasuun muummee fayyaa barachuu eegale. Hundaa ol immoo Mo'iboon barnootatti korma waan tureef Yuunivarsiitii keessatti haalli barnootaa tasa bifa itti hin jijjiirranne. Haata'u malee, bara sana haalli rakkoon uummanni Oromoo keessa jiru baay'ee ulfaataa waan tureef barattootni Yuunivarsiitii keessa jiran gaaffii saba isaanii kaasuun sagalee diddaa fi warraaqsa adda addaa yeroo yerootti dhoosuun sagalee sabaa ta'uutu ture. Innis tuuta Sabboonta Barattoota Oromoo walakkaatti callisee barnoota isaa qofa hordofuuf yeroo hinfudhanne. Sabboontota ilmaan Oromoo mooraa Yuunbarsiitii Jimmaa waliin ta'uun fincila finiinsuu qofa osoo hin taane maandhee Qeerroo Bilisummaa Oromoo moorichaa jalatti hirmaachuudhaan dirqamoota adda addaa akka Qeerroo Bilisummaa Oromootti ba'achuu eegale.

Kanaan osoo jiruu bara 2014 A.L.A'tti yeroo inni waggaa 2ffaa barachaa jiru roorroofi cuqursaa saba Oromoo irra gahu daran ulfaate. Sababa kanaan fincila mooraa Yuunbarsiitii Jimmaa dho'aa ture keessatti Mo'iboon qindeessuufi warraaqsuu keessatti nama jabaa ture. Kanarraa ka'uun tikni moorichaa yeroo adda addaa sabboontota adamsuufi hidhuu irratti fuulleffatee yeroo hedduuf mana hidhaa magaalaa Jimmaa keessatti sabboontota barattoota Oromoo waliin hidhamee dararaa argaa ture.

Baruma kana baatii 8ffaa ji'a Bitootessaa keessa Gaazexaan Warra Habashaa "**Inquu**" jedhamu eenyummaa saba Oromoo xiqqeessuufi Oromummaa hadheessu tokko mooricha seenee argame. Sababa sanaan sabboontonni barattootni Oromoo gaaffii abbaa biyyummaafi

eenyummaan walqabatu fincila dhoosuun sagalee dhageessisuun guutummaa Yuunivarsiitii biroof fakkeenya turan. Kana keessatti Mo'iboon warra tarree jalqabaa keessa gahee leencaa ba'aa turedha.

Kanumatti fufee, torbee lama booda diddaa Maasteer Pilaanii Magaalaa Finfinnee Godina Addaa Oromiyaa Finfinnee jala galchuu jedhutu dhufe. Warraaqsi sababa kanaan ka'e laayyoo hin turre. Guutummaa biyyattiirraa barattoota Yuuniversiitii biyyattii hunda hirmaachise. Gaaga'ama, miidhama, hidhaafi ukkaamsaa hedduun tureera. Barattoota bara sana sababa diddaa Maaster Pilaaniitiin mana hidhaa Federaalaa Ma'akaalaawwii seenaan keessaa Jaal Mo'iboon Baqqalaa nama tokko ture.

Yeroo sana Yuunbarsiitii Jimmaa irraa hiriyyoota isaa kanneen akka:

1. Leenjisaa Alamaayyoo

2. Moo'iboon Baqqalaa

3. Gammachuu Baqqalaa

4. Eebbisaa Dhaabaa

5. Guutasaa Jaalataa

6. Falmataa Bayeechaa fi kanneen biyyarraa baafaman Ibsaa Nagaasaafaa waliin warraaqsa kaasaa erga turanii butamee Ma'aakalaawwiitti seene.

Yuunbarsiitii Adaamaa irraa immoo,

1.Addunyaa Keessoo

2.Bilisummaa Daammanaafi

3.Mokonnon Kabbadaatu isaan waliin hidhame.

Yuunbarsiitii Haaramaayaa irraas,

1.Nimoonaa Urgeessaa

2.Nimoonaa Caalii

3.Magarsaa Warquufi

4.Bilisummaa Gonfaafaa turan.

Dabalee, Yuunibarsiitii Wallaggaa irraas,

1.Nimoonaa Kabbadaa

2.Mo'iibuul Misgaanuufi

3.Mootii Mootummaa Abdiifaa turan.

Haala kanaan erga baatii 4 hanga 5 mana dukkanaa mana hidhaa ma'aakalawwii keessatti laamsha'anii booda, baatii Sadaasaa 2015 ALA'tti barattoota namoota 6 himanni irratti banamee mana hidhaa Qilinxootti darabatame keessas Mo'iboon nijira.

Himatamtoonni jahan kunis,

1.Nimoonaa (Abbabaa) Urgeessaa himatamaa 1ffaa.

2.Magarsaa Warquu himatamaa 2ffaa.

3.Addunyaa Keessoo himatamaa 3ffaa.

4.Bilisummaa Daammanaa himatamaa 4ffaa.

5.Mo'iiboon Baqqalaa himatamaa 5ffaa.

6.Leenjisaa Alamaayyoo himatamaa 6ffaa turan.

Sana booda yeroo beellamaa isaa deddeebi'aa erga turee turtii baatii sagalii booda himatamaa 6ffaa Leenjisaa Alamaayyoo yommuu bilisa bahu, Mo'ibooniif immoo mirgi Wabii qarshii 10,000 eegameefii akka alaa deddeebi'ee dhaddacha hordofu ta'e. Sanaan Wabiidhan bahee mana murtiis hordofaa Yuunibarsiitiitti deebi'uu gaafatullee ni didan. Sanaan Yuunbarsiitii Riift Vaalii (RVU) irraa barnoota Economics eegale. Isuma wagga lama gahu yeroo beellamaa dhumee murteef akka dhiyaatu ta'e. Manni murtii mana sirreessaa turii murtiif dhiyaadhu jechuun gara mana hidhaa Qilinxootti erge.

Haala kanaan osoo jiruu Manni hidhaa Qilinxoos balaa abiddaaf saaxile. Gaafa sanas Zoonii 2ffaa ture. Balaa kanaan namoonni 100 ol abiddaan yoo gubatan kaan immoo rasaasan dhuman. Mo'iin warra kanarraa hafe keessa ture. Sana booda gara mana hidhaa Shawaa Roobiitti ergame. Turtii ji'a tokkoon booda ammas gara Qilinxootti deebi'e.

Erga Shawaa Roobiitii ol deebi'ee torbee lama booda murteen Waggaa 1fi ji'a 5 itti murtaa'ee hangi kanaan dura hidhamee ture ilaallamee gahaadha jedhamee akkuma itti murtaa'een kallatumaan Mana hidhaa Qilinxoorraa akka bahu manni murtii ajaja dabarse. Nimoonaa (Abbabaa) Urgeessaa gara manaa Qaallittii, Addunyaa keessoofi Bilisummaa Daammanaa gara mana hidhaa Shawaa Roobiitiitti deemuun adda adda faffaca'an.

Erga bahee barnoota isaa Yuunbarsiitii Riift Vaaliitii xumuree barsiisummaa (lecture) barsiisuu eegalee ture. Boodas haalli hammatee adda kute. Erga dhaabni biyya seenee immoo Waajjira ABO Godina Wallagga Bahaa Magaalaa Naqamteetti barreessaa akka dura taa'aattis hojjeteera.

Moo'iboon nama ofii fi maatii isaa caalaa umurii isaa xiqqoo kana saba isaa jaallatuuf jiraatee darbe goota gara kuteessa, garraamii gameessa namaati. Oromummaatti amana. Nama garraamii dabaan afaan isaa keessaa hinbaaneefi falmaa mirga dhala namaati. Quuqama inni aartii Oromoo guddisuuf qabu garaa nama nyaata. Yeroo adda addaa eebba kitaabaa irratti seenaa goototaa kaasuun kan beekamu Mo'iboon bara 2021 A.L.A'tti kitaaba asoosama

dheeraa mata dureen isaa "**Dorrobaa**" jedhu uummata bal'aaf qaqqabsiiseera.

Daran haalli itti cimnaan magaalaa Naqamtee gadhiisee gara magaalaa Finfinnee dhaquun hojii biraa isaa osoo hojjechaa ture. Achittis bara irraa Miseensa Gumii Sabaa ABO ta'uun tajaajila yeroo dheeraa kenneera. **Dhaabbata Ethio telecom keessaas hojjechaa ture. Barnoota digirii 2ffaa galmaa'uun qoramee galee gaafa Onkoloolessa 13, 2022 galgala A.L.A'tti magaalaa Finfinnee naannoo Saansuus** jedhamee beekamutti rasaasa lamaan dha'amee osoo mana yaalaatti yaalamaa jiruu lubbuunsaa umurii isaa waggaa 34'tti addunyaa kanarraa wareegame. ***Mo'iboon fuudhee ilmoo hin horanne. Kichuutti osoo dargaggummaa dhamdhamee hinquufiin karaatti cite.*** Waan jennu hinqabnu. Dhugaafi gumaasaa Waaqni haabaasu!

Nagaan boqodhu Mo'iiko!

Seenaan siyaadata. Ati irbuu jaallaniirraa hinmaqne. Waadaa karaatti hinbuufne. Maqaa kee toora qabsaa'ota haqaatti halluu hin hallaqneen katabatteetta. Ati yoomuu goota keenya. Fuulli Waaqaa sitti haatolu! Gumaakeefi dhugaa kee Waaqayyo siif haabaasu!

Maatiifi uummata Oromoo maraaf jajjabina hawwina!

Addunyaa Keessoofi Bokkuun odeeffannoo keessaniif galatoomaa!

Qopheessaa Barruu Harmee Moonenus Kennesaa tiin! Bitooteesa 20, 2015 Finfinnee, Oromiyaa.



Goonni hin du'u!

Galanni kee

Walabummaa

Oromoo haa ta'u!

Oromiyaan Biyya!



Shamil Naasir Mohaammad tiin

Barreessaa Waloo fi Hojjetaa Baankii
Amma khee jiraadhu.

Yeroo keessa jirtu keessa jiraachuun wanta hundaa ol irratti hojjechuu qabduudha. Takka amma kee jiraachuu eegallaan, ati dhugumaan jireenya kee eegalaa jirta jechuudha. Sababni jireenyi adeemsa nuti arra keessa milkeessaa deemnu waan ta'eef. Jireenyi imala malee dhuma waan hin taaneef jechuudha. Dhumti nuti qabnu gammachuudha jennee, gammachuu saniif jiraanna jechuu hin dandeenyu. Dhumti nama kamiyyuutu du'a waan taheef. Amma jiraataa jirrutti yoo hin gammanne, isarratti yoo hin xiyyeeffanne garuu yooniif taatee nu duuba kutteef yookaan fuulduratti milkaahina yaadnuuf arra keenya dagannee isa boruuf arra dhaabbii myookaan tasgabbii dhabne dhuma keenya beekuun nama hin dhibu. Innis jireenya jiraannu goolabuudha.

"Qotee bulaa tokkotu ture. Maqaan isaas Haafiz jedhama. Inniniis qabaataadha waan gammadaa ta'eef, gammadaadha waan qabaataa ta'eef. Ooyruu qonnaa takkaa fi sa'a tokko qabaatus takkaa gaddee hin beeku gammadaadha, kanaaf qabaataa ta'e. Garuu guyyaa tokko Hayyichi tokko itti dhufee akkana jedheen "elaa ati osoo warqii hamma qeensa koo kana argattee abbaa qabeenyaa taata, osoo kan quba koo kana gahu argatteemmoo biyya kana bulchuu ni dandeessa" jedheen. Galgala sanarraa kaasee qoteen bulaan kun an dhabaadha sooressa ta'uun qaba ofiin jedhe. Kanaafis guyyarraa itti yaaduu eegale. Akkamitti akka warqii hamma sana argatutti sammuun isaa boqonnaa dhabe. Ni yaaddawe, gammachuu dhabe. Dhabaa ta'e waan gaddaa ta'eef, gaddaa ta'e waan dhabaa ta'eef. Gaafa kana ke'ee lafaa fi mana qabu nama ollaa isaatti gurguree deemee warqicha barbaaduuf murteesse. Gurgurees maallaqa hanga tokko maatii isaatiif kennee manichuma keessaa nama kana bira akka jiraatan godhee warqicha barbaada sokke. Deemee warqii kana ardii Afrikaa qaxxaamuree Awurooppaa guutuus barbaadee dhabee maallaqa lafa gurgurees fixee qaamaanis miidhamee waan jiruuf maatitti yoo gales maalitti akka galu dhabee

uutuu if jibbee deemuu galaana Meeditaraaniyaatti if ajjeese.

Namtichi lafa isaa irraa bite kun qabaataadha waan gammadaa ta'eef. Takkaan ani hiyyeessa jedhee hin beeku, obsa waan qabuuf jireenya keessa wanti marti jira jedhee waan yaaduuf nama gargaaruun isaaf bashannana. Namtichi kun guyyaa tokko utuma laga ooyruu isaa jala yaa'u afaan sa'a isaa tikfatuu dhakaa bareedu wayii argatee manatti galche - itti bareedeeti. Guyyaa biraa hayyichi ni dhufe. Akkuma olseeneen "Haafiz ni dhufee" jedhee gaafate. Namtichi gammadaan kunis "maaliif jette" jedheen. Hayyichis "warqii kana barbaaduu deeme, isatu argee dhufe jedheeti" jedheen. Namtichi Haafiz akka hin dhufin itti himee dhakicha gaafa qoratan Warqii qulqulluudha. Garuu kan nama dhibu ooyruun kunis guutuun dhakaa kanaan akka guutamtee argan ~ gaafa qoratan jechuudha".

Ilaali inni takkatti duroomuun akka milkaa'ina jireenyaatti ilaale ni du'e. Jireenya isaatti gadduun warqii xiqqoo barbaacha lafa warqiin guutamte dhabee ofis dhabe. Ga'umsi jireenyaa du'a ta'uu nu garsiise. Garuu inni jireenya jiraatuttu gammadaa ta'e jiraate, jireenya isaa gammachuum dabarse. Haala irra jiraaturratti gammadaa ta'e. Kanaafuu jireenya imala nuti jireenya keenya keessatti gammachuudhaan jiraannudha.

Hedduun keenya jireenya keenya kaleessa keenyarratti hiina yookaan ammoo ofii keenya waan wilii godhuuf nu eeggatu keessa kunna. Laalaan kaleessaas if duubatti nu deebisuu dandeessi yookiin yaaddoo boruuf qabnuutu if dura akka jiraannu nu godha.

Kaleessatti yookaan boruu keenyatti gaafa hidhamtu gonkuma arra kee dhamdhamuu hin dandeessu. Tuqaan jireenya keenyaa kan amma nutti haajama kamuu kanarraa kan ka'e ni miidhamu. Hojii keenyarraa eegalee, hirriroon wantootaa waliin qabnu yookaan fayyaan qaamaatiif bu'uurri jireenya keenyaa miidhamuu dandaha.

Fakkeenyaaf maatiin keenya sababa nuti waanuma boruu qofaaf dhiphannuuf yeroo sirraa dhabanii rakkoo keessa galuu danda'u. Ati nama maatii keetiif hangafaa tokko haa jennuu. Maatiin tee gaafa ati ol guddattee hafuura baafannoo geessu ba'aa jiruu maatii keessaa san sirratti qooddatu. Egaa ati isaaniif harka mirgaa taateefii isaan tajaajilta. Akkasuma jireenya fuulduraatiif horii qaban hunda akka hooggantu dirqama sirra khaahanii jiru.

Egaa yeroo rakkoo maatio kheessaa hunda siitu bakka bu'ee itti gaafatama jechuudha. Sababa

khanaaf ati maallaqa qabdan khanaafi qabeenya jiru kharoora boru godhuuf deemtaniif jecha baayyee qusatta. Guyyaa tokko sihii mana bareedaa tokko siifi obboleessa kheetiin ijaaruuf wa walitti qaqqabaa jiru maatii tee kheessaa haajaan taka dhufti. Tarii dhukkubuma xixiqqaa wahiitu dhukkuba taha. Ati waan kanaaf osoo hin fedhin baafta. Ammas osoo hin turin obboleettiin tee heerumti,

khanaafimmio akka maatiin sirraa feetutti baasii sana baasuu didda. Gaafa khanadha kan gammachuun maatii teessan kheessaa hir'achaa deemtu.

Tarii dhukkubbiin lammataa gaafa nama tokko mudattu ati karoorti kee mana gaarii ijaaruu waan taheef baasii hin malle tana fudhachuu hin dandeessu. Khun ammoo adeemsa jireenyaa khan amma jennuun kana nu hanqisa jechuudha. Mee laali, yooniif maatiin tee sababa sirritti wal jalaa owwaachuu dhabuu ati uumteetiif gammachuu dhaban, sababa khaayyoo maatii milkeessuuf dhukkubsataa maatii kheessaa sirnaan yaaluun sittin toliniif jireenyi maatii keetii hangam akka rakkoon baayyate.

Egaa dhuma jireenyaa khan ati arra waa irraa hanbifatteef sana tarii ati jiraachuu dhabuu malta. Yookiin maatii tee tan mana bareedattin galcha jettu santu wal keessaa godaanee facaha taha. Boruu khee maalitti beeyta?. Kanaafuu rakkoo arraa arruma furi waanuma qabduu hundaan jechuudhan. Gaafa sana jireenya jaalannu jiraannaa beeki. Rakkoo dhufeef furmaata khennaa waan deemteef gammadaa jiraataa deemta. Dhuma keetti hin gaabbitu jechuudha.

Muuxannoo kaleessarraa baradhuu boruu keetiif of qopheessi. Garuu amma keetitti fayyadamuun arra kee ijaari, kalaqi, maddisiisi. Kanaan gahumsa kee ka ammaa irratti gatii dabali.

Kana gaafan jedhu kaleessa khee waan gaarii waan gooteef arra khee carraaquufi tattaafatuu hin dhaabin. Carraan nama khamiitu adda adda waan tahee jechuudha. Gaariin kaleessa goote rakkoo boru dhufuuf taa'u sin baraartu, gocha ati gootutu boruu bareecha waan taheef jechuudha.

Dadhabinni kee kan kaleessaatis miidhama kee kan boruu hin murteessu. Tattaafi ati arra tattaafattuutu boruu khee bareecha malee. Milkaahuu kee kan beeytu yoo arruma lafa khaatedha. Jireenya khee khan arraa yooniif itti gammaddee arrummaa khee feete waan borun godha jettu san arruma goota jechuudha.

Gurbaa tokkootu Sheeka tokkotti dhaqee "yaa sheekha mee boru

gaafan du'e jannata seenuuf maalin godhuu qaba" jennaaniin Sheektichis "salaata khee salaati" jedheen. Yeroo khana ammas gurbaan "yaa sheeka mee yoomirraan eegala duuba" jennaaniin Sheeytichi "lakkii guyyaa boru duutu eegali" jedheen. Gurbaan rifateeti "hayi guyyaanin boru du'u akkamittin beeka duuba" jennaan, Sheeytichi "saniifuu ammuma eegali khaa" jedheen.

Egaa dubbii tanarraa wanni hubatuu qabnu hojii boru itti bashannanna jennee yaadne takka, arruma yooniif itti lafaa khaane wanti nu yaachisu takkalleenuu hin jirtu jechuudha.

Jireenya jiraattu kheessatti kharoorsuun waanuma jiru. Gaafa kharoorsitu ammoo akkaataa itti hojjettuuf gaafam akka hojjettuu waliin kharoorsita. Nama garii gaafa inni yaada hojii isaa hirriba dhabu agarra. Gariin ammoo waan waggaa dhufu of harka galchuuf jecha harra hiriiba if khuta.

Nama tokko hirribaaf waliin gad ciifnee khanin daqiiqaa khudhan qofatti rafu inni ammoo halkan walakkaa yaadaan osoo garagaggaluu dabarsa. Haalli jiruu isaa ciisee yaaduurratti akka waan dhaabbatetti bakka ciisee sammuu isaa affeela.

Garuu ammoo wanta godhuu qabdu yooniif sa'aatii isaa irratti hin goone akkuma si rakkisu, wanta sa'aatiin isaa hin geenyetti yeroo tee gaafa khennitu waan boru godhuu qabdu dadhabbii taa'aa buluutiin si jala dabarsuu dandaha. Hojiin boru gootu tan sababa khanaa si jala dabarte ammoo wanta harra hirriba itti dhabde tana akka hin milkeeysine si gooti.

"Waan waggaa dhufu fuudhuuf deemuu jecha harra hirriba dhabeeti, isuma sanuu booda hirribaa waliin dhabe" jettee yoo joolleen qoostun arge.

Akkuma aduun miila ifa ishee faffacaaftee jirtu hogga calaqqee ykn wanta ishii kallattio tokkotti balaqqeeysitu fayyadamnee warata adii hogga dura qabne ibidda qabsiisuu dandeeysutti atis wanta keeysa jirtu ykn rakkoo yookaan karoora harkaa si qabu san qofarratti yoo xiyyeeyfatte hojii tee bareechitee fixxa. Amma ofii jiraachuu jechuun kaleeysarratti hidhamuu dhabuudhaafii boruu keenyarratti hidhamuu caalaa wan arra harkaa qabnu kanarratti guutuu dandeeytii teenyaa deebisuu jechuudha.

Duuba yaa namana ati waan kaleeysaati alanfataa jirtamoo, waan boruutiif lubbuu tee rakkaa jirtamoo amma kee ammatti furmaata itti kennaa jirta? Qormaata kanuma irra jiran xumuran, atis **AMMA KEE JIRAADHU!**

Barruun Harmee haphee dhaloota kanaati. Hapheen wantoota gargar jiran walitti fiddi, Barruun Harmeetis akkasi. Dhaloota aartii isaa jaalatu, ogbarruu isaatiif kufee ka'u, kan afaan saba kanaatiif yaaddawan gamaa gamanaa walitti fiddee waliin tuuyxi. Kanaaf hamilee fii dandeettii qabuun Barruu Harmee kana bira dhaabbachuun anaan ulfina.

Qopheeysitoonni barruu tanaa carraa Barruu Harmeerratti hirmaachuu naa kennuu isaaniitiif galataatu malaaf. Barruun Harmee akkuma harmaa haadhaati, irraa barachaati ittiin dhaloota dhaalchifta!

Galatoomaa!



Barsiisaa Nimoonaa Biqilaa Soorii tiin
Barsiisafi Barreessaa
Injifannoo Yaadaa

Namni Yaadaan akkamitti Injifachuun Dandahamaa?

Namni yaadaan nama injifachuuf akka salphaatti miti. Innis tajaajila ati laattu irratti hundaaha. Sunis karaa amala fi iftoomina qabuuni. Soba kan of keessa qabne ta'uu qaba. Namni Silaas naman hiddine malee akkuma bofaa arraba qixxeema sagal qabaachuu mala. Summiin arraba namaarraa bahu saamunaan kamillee miicee baasuun dandahu. Maqaan namaaf kenname itti yaadamee waan laatame nattiin fakkaatu. Kan biraa moggaasuu wayya ture. Garuu yoo mogga'es amala amma godhus waan dhiisun fakkaatu. Akkuma namni huccuu bifa adda addaa uffatu amaluma huccuu uffatu sanaa kan fakkaatan hin dhibani.

Silaa amalli namaa odoo wal

fakkaataa ta'eera ta'ee huccun wal fakkaataatu uffatama ture. Fakkenya; Namoota Wal fakkaatanii huccuu, nyaata, amala, deemsa, barnoota mul'ata boruu, fi wanneen kana fakkaatan wal faana yaadan hin jiranii? Itti yaadaamee? Ni jiru. Isaanis obboloota hanqaaquu tokko keessaa bahan. Sababa isaan kanaan nama jedhamuu dandeenya. Waan isaan yaadanis hawwanis barbaadanis tokkodha. Dhimma namaa dhiifnee gara imala keenyaatti haa deebinu.

Injifannoo yaadaa milkeessuuf Hojii hojjettu keessatti arrabni kee lamaa fi sanaa ol ta'uun qabu. Waan dhugaa irratti hundoofte qabatamatti mul'isuu gaafata. Sanaan ala injifannoo yaadaa gonfachuun hin dandahamu. Namni yaadaan waa injifate waan hin dandahamne hunda dandeessisee argama. Silaa odoo yaadaan waa injifachuun hin jiru ta'ee leenci iyyuu namatti madaqee hin jiraatu. Horii nuti qabnu kun yaada keenya jala odoo koloneeffatamuu baataniiru ta'ee waliin jireenyi keenyi ni ulfaata. Namni gaafa du'a ufirratti murteessu, namni du'a ufirratti moosisee argame. Kanaaf du'a filata. Namni yaadaan waan sana nan raawwadha yoo jedhe raawwatee ni argama. Sababni isaa waan inni yaade sana odoon raawwatiin raawwatee argamee jira.

Fakkeenya Barataa qaxalee ta'ee daree keessatti barattoota jeequ jiraachuu mala. Dhimma barataa kanaa isa biratti odoon taane duuba isaa qorachuun dirqama. Sana booda,

Gorsa 1ffaa

Barataa kana quunnamtee wantoota miira keessa isa galchan odoon taane, wanta bor biyyi kun irraa eegdu mariisisuudha. Wanneen hedduu isa jajjabeessaa hunda onnachiisaa, akka ittin deebine abdiin qaba jettee gaggeessita. gorsa jalqabaa akka obboleessatti bira dabarta. Sana dura garuu kaayyon kee maali? Mul'anni kee hoo? Maal ta'uu feeta? Biyya kanarraa maal eegda ? moo biyyatu waa sirraa eega? Gaaffilee armaan olii ufumaan uf marihadhu jettee dhaamsa dhaamtaf.

Gorsa 2ffaa

Ammallee barataan kun yoo balleessee, ufitti yaamtee maqaa masoon waamtee dhimma isaa itti himta. Siin firii kee barbaanna malee bakka akka kanaatti si arguun qabnu jettee jajjabeessita. Wantoota isa jajjabeessan hunda hamma beektu itti himtee, yeroo lamaa booda akkan balleessine nan amana jettee gaggeessita. Imalli ati gochaa jirtu kun biyya irraa waa eeggatta malee biyyaaf bu'aa buusun deemtu kun immo dhalachuun kee bu'aa maleessa ta'uu mala jettee gaggeessita. Carraan ati amma argatte kana kan karaarra taa'ee kadhatuhedduutu hawwaa jira. Kanaaf carraa kee kanatti fayyadami. Namoonni hundi bineensa irraa wantoonni adda isa godhan dandeettii yaaduu nqabu. Dandeettii sana fayyadamanii immoo bu'aa hamma ta'e buusu. Atis dhala namaa keessaa tokko waan taateef waan kana itti yaaduu qabda. Amma egaa barataan kun xiinxala yaadaa keessa galuu dandaha. Deebi'uuf yaalii taasisuu eegala. Odoo Nama Biraatii

Na reebu, Na adabu, Warra na yaamsisuu dandaha ture, Garuu

barsiisaan kun imalaa fi fuulduree koo natti hime. kanaaf anis deebi'uun yaala jedhee ufumaan uf marihachuu eegala. Qonxoxxaa barataan qonxoxamuu qabu yaadan malee uleen miti, Gorsaan malee kaballaan miti, Elaaf elaameen malee tuffannaan miti.

Gorsa 3ffaa

Ammallee Barataan qaxaleen kun yeroo sadaffaaf seera cabsee dhufa. kana booda mee maal yoo maal taasisne feeta? Waa'ee keef mee atumti haasahi mee? Jettee carraa kennitaa fi. Innis barsiisaa isaa bira yeroo sadaffaaf seera cabsee dhufuunsaa leeyyoo hamaa itti ta'e jira. Kanaaf keessa isaatti yaadee xiinxalee waan fuudhee waan kaahu dhabaa jira. Elaa barsiisa warrumti na dhalanii na dhalchan iyyuu haga keessan kana naan obsanii, irra naan tarani, Har'aa boodaà balleessee yoon badii balleessee argame, akkan adabamu waadaan seena jedhee dhimma isaa xumurata.

BARSIISAA

Barsiisaa koo abbaa haqaa
Abbaa dhugaa abbaa sabaa
Addunyaa guutuu hundarraa
Beekumsa keen dabaalamaa


Abbaa dungoo abbaa ifaa
Ati addeessaa samii maraa
Abbaa beekaa abbaa uumaa
Biyyi hundi siin qaroomaa

Ati urjiidhaa samii gubbaa
Kan lafarraa abbaa boonaa
Abbaa xiiqii abbaa tolchaa
Duukkanni iyyuu siin ifoomaa

Barsiisaa koo abbaa dhugaa
Daandii haqaa daandii saaqaa
Inni banaas inni cufaas
Qulfiin maraa siin banamaa
Kan sin beeknee sis ni beekaa
Odoo beekuu si lafafaa
Homaa mitii innin darbaa
Beekumsa keef si inaafaa

Namoonni barruu kana dubbistan qeeqaa fi yaada jiru nuu kennuu dandeessu.

Barsiisaa Nimoonaa Biqilaa Soorii
Email
nimonabikila309@gmail.com
Phone 0917677462



Amaanu'eel Caalaa Abdataa
Barsiisaafi Waloo

Kutaa 1ffaa

BARA SANA!

Bara tokkummaan jiru

Bara hunduu garaan tokkoo

Hunduu walfaana hiriira

Kan deemu hin jiru cookkoo

Bara bulchiinsa Gadaa

Bara jaalalaa sana

Hunduu wal mararfata

Dhugaadha bara sana

Har'a! Gadaa keenya erga dhabnee

Facaanee faffacaane

Callee ciccittes taanee

Funaanamuu hanqanne

Bara sana hundinuu wal eebbisa

Milkii waliif kadhataa

Sobaan walitti hin kolfu

Garaarraa wal jaallata

Waliin nyaatee taphatee

Quufee gammadee kolfaa

Malee akka har'aa kana

Hir'ina walii ilaalee eenyutu walitti kolfaa?

Garuu! Osooma barri sun mee

Sanyii taanaan faca'ee

Qe'ee nama hundumaattuu

Jaalalli osoo wal ga'ee

Silaa har'a wal miidhuuf hin kaatamu

Hamaan walii hin yaadamu

Boollis walii hin qotamu

Eeboon walii hin qaramu

Qaramee hin darbatamu

Silaa! Jaalalaa fi mariidhaan

Hunduu kan raawwatamu

Waanti hunduu kan furamu

Garuu erga kun hunduu hafee
Gadaanis erga badee
Namni wal miidhuuf karaa soqa
Gaarummaa hin beeku yaadee

Yaa Waaq! Nagaadhaan nu oolchitee
Ati nagaan nu bulchi
Nagaadhaan nu bulchitee
Nagaadhaanis nu oolchi
Hamaa nurraa fageessi
Tokkummaan nu gamteessi
Jedhee Waaqa kadhatee
Fuula tolaan wal simaa
Gammachuu fi jaalalaan
Waan hundaa walitti himaa

Alaa manni nagumaa
Sa'aa namni waanti hunduu
Jedhanii harka wal fuudhu
Hunduu waliin gammaduu

Har'ammoo yerooma walitti dhufu
Nyaarasaa gudunfatee
Garaasaa wal dhokfatee
Abbaa abaluu nagumaa jedha
Aarii garaa bulfatee

Yaa Waaq nagaa nuuf buusi
Jaalala keenyas cimsii
Irraa gora nu oolchi
Jabina keen nu tiksii
Wal dhabdee keenya maraa
Yaa Waaq jaalalaan furii
Jedhee waliif kadhata
Oromoon koo inni durii

"OF TA'I".

Namni kamiyyuu kan lafa kana irratti dhalatee jirus ta'e kan dhalatee darbe, sichis kan dhalatu kan nama biraa fakkaatu hin jiru; hin jiraatus. Namni kamiyyuu kan nama kan biraa irraa ittiin adda bahu amala, bifa, dandeettii fi eenyummaa kan mataa isaa qaba. Atis nama kamirraayyuu adda. Akkaataa itti yaadduun, akkaataa waan tokko itti hojjettuun, akkaataa deemsa keen nama kamirraayyuu ati adda. Kanaaf nama kan biraa fakkaachuuf osoo hin taanee of ta'uuf hojjedhu, of ta'ii jiraadhu. Oromoon yeroo mammaaku akkas jedha"akka abaluuttan sirbaan qolee nama jallisa" jedha. Kana jechuun ati akka nama kan biraatti jiraatta osoo hin taanee akka keetti jiraatta. Ofii kees

nama biraatti hin madaalin; sababni isaas eenyummaa nama kamirraayyuu adda si godhu kan mataa keetii dhuunfaatti qabda. Nama kan biraa fakkaachuuf kan yaaltu yoo taate eenyummaa kee isa dhugaa sana dagattee eenyummaa nama fakkaattee sana calaqqisiista. Waanti namni ati fakkaachuuf yaalii gochaa jirtu sun dalagi siin jedhe qofa dalagda. Kaayyoo kee dagatteetu kaayyoo nama kan biraa sana galmaan geessa. Kaayyoo ati uumamteef garuu nama galmaan isa gahuu qabu siin waan dhabeef bakka jirutti samee bada. Yoo of taate garuu waan uumamteef sana hubatteetu isa galmaan geessa.

Of ta'i. Nama kan biraa fakkaachuuf hin dhama'in. Of ta'i; ofii kee hordofi. Of ta'uun heera uumaati. Yeroo hundumaa waan keessaa keetii sitti dhagahamu sana ta'uuf uumamte waan taateef isa keessa keeti sitti dhagahamu sanaaf iddoo fi bakka kenni. Yoos of taatee namas taatee jiraattaa. Be your self and don't compare your self with others! Addunyaa kanarra kan jiru ati si qofa. Namni biraan kan si fakkaatu tokkollee hin jiru. Eenyummaa nama biraatti madaqxee eenyummaa isaa fudhachuuf hin hojjetin. Mee seenaa Lukkuu fi Joobiraa haa ilaallu:-

"Bara tokko namichatu jedhan osooma adamoo adamsuu hanqaaquu (killee) Joobiraa argee fuudhee gale jedhama.innis erga fuudhee galee killecha Lukkuu isaa jala kaa'ee akka isheen hammattee ilmaan yaastu godhe. Lukkuttiinis yeroo murtaa'e booda ilmaan yaaste. Sana booda Lukkuttiin ilmaan yaaste kanaaf kunuunsa barbaachisu erga gooteefii, bineensota isaan nyaachuuf dhufan adda addaa erga irraa dhorkitee booda ilmaan kana guddiste. Joobirri kunis ilmaan Lukkuu kana faana guddate. Iddoon oolmaa isaas bakkuma ilmaan Lukkuu kun ooltu ta'e. Ganamaan ka'anii kosiitti bobba'uun haadhaa oolu; Ilbiisota funaanaa oolu. Garuu guyyaa tokko Joobirri kun osoo kosii haadhuu garaa Waaqaa keessa ol ilaale. Ol ilaalees Allaattii bareedaa baay'ee ol fagaatee barrisu, qilleensa kanatti kan bashannanu, wantoota hundumaa of gad jallaatti kan ilaalu tokko arge; akka Allaatticha arge sanaa ta'uus hawwe. Joobirri sunis waan arge mara hiriyaa isaa kan isa waliin kosii haadhan sanatti hime. Hiriyaan isaa sunis deebii akkas jedhu deebiseef:- "Inni mootii Allaattotaati; Joobira jedhama. Atis akka isaa ta'uu waan hin dandeenyeef waan humna keen olii hin yaadin. Yaada akkasii keessaa bahi! Waan argatte nu waliin nyaadhu; yeroo kee hin gubin ittiin jedhe". Joobirri sunis waan itti himame amanee fudhate—dhugaa se'e. Joobira lukkoome ta'ee jiraate. Eenyummaa isaa isa dhugaa dagate"!

Anis seenaa kana waa malee hin kaasne. Seenaa kana irraa ergaa guddaa tokko akka ati hubatte nan amana. Yeroo mara waan namni biraan sitti odeessu dhugaa gootee hin fudhatin. Sababni isaa kan sitti odeeffamu sun of ta'uu si dhorka. Eenyummaa nama biraa akka fudhattu si godha. Ati kan ati waliin ooltu hiriyaan kee eenyu? Kan eenyummaa kee isa dhugaa si dagachiisuudhaa? Nama bakka isaaf hin malle oolu, kan eenyummaa isa dagate hin ta'in. Nama of ta'e bakka isa madaalu, eenyu waliin ooluu akka qabu sirriitti beeka. Hiriyaa siif hin malle waliin kan ooltu yoo taate eenyummaa kee isa dhugaa dagattee, eenyummaa sobaa, eenyummaa fakkeessaa kan nama biraa gonfatta. Of ta'uu hanqatta. Eenyummaa sobaa kan nama biraa sanaan mo'amta. Joobira Lukkuu of se'e sana hin ta'in. Yeroo hundumaa jecha namaaf osoo hin taanee waanta keessa keetii sitti dhagahamu sanaaf bakka kenni. Waanta keessa keetii sitti dhagahamu sanatu eenyummaa kee isa dhugaa murteessa. Yeroo sana of taatee jiraatta. Joobira taatee dhalattee Lukkuu taatee hin jiraatin, Lukkuu taatees hin du'in. Joobirichi osoo jecha Lukkuu sana hin dhageenyee ta'eeti Joobira ture. Olola sobaa waan dhaggeeffateef, isaaf gurra waan laateef of ta'uu hanqate. Yoomiyyuu "OF TA'I".

Nama kan biraa fakkaachuuf, nama biraa taatee jiraachuuf hin carraaqin. Of ta'ii jiraadhu. Of ta'uun heera uumaati. Uumaan nama kamirraayyuu adda godhee si uume waan ta'eef of ta'ii jiraadhu.

Kutaa 2ffaa

NAMA KAAYYOO TA'I

Namni kaayyoo qabu

Kaayyoo isaaf jiraataa

Kaayyoof lubbuu laata

Inni kaayyoo hin qabnemmoo

Waca bu'aa hin buufne

Taa'ee dhaggeeffataa

Isaaf gurra laataa

Namni kaayyoo qabu

Galmasaa akeekkataa

Karooras baafatee

Fuulduree keewwataa

Bu'aa dhadhabbiisaas

Kooreet taa'ee nyaataa

Kaayyo maleessi ammoo

Asiif achi jooraa

Homaa osoo hin qabaatin

Sammuu duwwaa kooraa

Atis! Nama kaayyoo ta'i

Mee kaayyoo qabaadhu

Koompaasii jireenyaa

Karooras baafadhu

Kan ani siin jedhu

Dhaamsi an dabarfadhu

Kan biraa hin fakkaatin

Kaayyoo kee hubadhu

Oduuf gurra hin laatin

Kaayyoo keef jiraadhu

Egaan! Ejjennoo horadhu

Ta'uuf nama guutuu

Kaayyoollee qabaadhu

Kan irratti duutuu



Dachaasaa Ga’eeraa Sabbooqaa

Barreessaa, Waloo, Barataa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo

HAADU'U

Qannoo kiyya ganee

Lubbuu kootti muree

Itti ba'uu hawwee

Ta'ee adda-duree

Nagaan turaa jedhee

Deemee manaa ba'ee

Nan gala yoon jedhe

Cayaa dhiiraa ga'ee

Kayyoo koo sharafee

Dallaalee gurguree

Dantaa sabaa ganee

Nyaaphaaf yoon kurkure

Kanan facaafadhu

Dhangaan naaf hinmargin

Qaroon koo haajaamu

Bilisummaa hinargin

Qakkeefi damaamitii

Balaan natti haabu'u

Haagii hinfudhatin

Abbaa koo haadu'u!

TA'IKAA!

Silaan keellee dhiiga

Gartokkee qaama koo

Bultee kaatee hordofta

Ejjeta faana koo

Ani toliifan se'a

Tolii dagatteetta

Onneerraa jaallachuu

Argaa baqatteetta

Anoo sin amana
Buleen si hubadha
Si dhabuu koof aaree
Waadameen gubadha

Ta'us reeffa firaa
Sagal galagalchuu
Dhiifaman siif godha
Osoo na balalchuu

Jaalallin siif qabu
Dhiifamnis siin galle
Narratti qirqaabde
Ba'aa naaf hinmalle

Anoo galchuun hawwe
Obbolummaa kan kee
Obbolummaan dhiiga
Kanatu hoo na danqe

Qaama keessa taa'ee
Dhiiga dhiiga ganu
Bofa ciniinuyyuu
Akkamii amanu?

Sirraa dubbifama
Gowwomsaan kee danuu
Nyaadhu sababa kee
Anoo sin amanu

Silaan kee obboleessa
Obboleessa dhiigaa
Garaan kee achi fagoo
Alagaatti hiiqa

Ala malee jettee
Finciltee ega ceetee
Sitti haatolu malee
Ta'i kaa waan feete!

DUREESSA

Galma kee abuurrattee
Yeroo kee itti laattee
Dhagaa caalaa gaaraa
Dugda keetti baattee

Daandii sirrii dhabdee
Hadhaba cirattee
Gulufuun si dhibus

Sussuktee tirattee

LAMMIIFIS

Kattaa sagal yaabdee
Ededarraan maqxee
Aduu waxalamtee
Dhadhaa taatee baqxe

Na yaaddee na beellamta
Anis fiigaan siif dhufa
Kee siif dhaggeeffadheetan
Koos dubbachuutti fufa

Ittuma dhiyaattee
Waan garaan kee yaadu
Bira geesse seetee
Fudhachuuf yoo kaatu

Ani sin dhaggeeffadha
Yaada keen siif kabaja
Nuffus ‘nuffe’ hinjedhu
Miira koon siif ajaja

Edaa inni isa miti
Fakkaattii isaa malee
Yoos boo'uuf iji kee
Imimmaan calalee

Ati waa'ee kee malee
Yoom yaadda waa'ee kiyya
Biyya keessa jiraatta
Sin galchu waa'een biyyaa

Edaa ati hinboossu
Gara mureessadha
Hiyyeessa of-seeta
Ati dureessaadha!

Dhiisi amala hinbadin
Dubbichi garaagari
Of-qofummaa turfadhu
Lammiifis jechuu bari!

Dubbisaa! Dubbisaan dubbii hindhabu! Dogoggora qubeef tuqaalee akkasumallee kanneen biroof nu oofkalchaa!

Galata

Hiriyyoottan koo jaallatamoo fi kabajamoo Barreessaafi Ogeessa Xiin-Sammuu Firaa'aol Guddataa Raggasaafi Barsiisaa, Barreessaafi Waloo Qajeelaa Hambisaa Mahammad hanga ammaatti dadhabbiin keessan na biratti hedduudha. An nama gatii keessan baasullee miti.

"Namni waan danda'uun nama gargaaru doqna hin jedhamu" kan jedhu naaf mirkaneessitan. Galanni koo isiniif kumaa kitila! Bagan isin qabaadhee!

JILDII 7FFAAN ITTI FUFA GALATOOMAA

BARRUU HARMEE

